10. Dhiigi ani kennu rakko qabaachuun isaa ni laalama?
Eeeye ni laaalama dhiigi argame hundi dhukkuboota akkka HIV, biirtee, Hepatitis B fi C, cophxuu fi K.K.F niqoratama

11. Yo dhukkuboota kana qabaadhe natti himama?
Yoo bu'aa dhiiga keeti beeku barbaadde hospitaali haala mijessuun siif hima yoo hin barbaanne nidhiisa

12. Qaami kiyya dhiiga narra waraabame deebisuuf Yeroo meeqa fudhata?
Yeroo dheera hinfudhatu. Bishaan, lallafaan dhugamu saati gabaaba keessatti deebisa
Seeliin dhiiga dimaa torbee gabaaaba keessatti iddoo isaatti deebi'a

13. Kana booda irra deebiin yoom dhiiga kennu dandaa'a?
Nami fayya qabeessi kamiyyuu jia sadii sadiin dhiiga kennuu danda'a



*Qopheessitoonni*


Dr Ahmed Ibrahim
Mohammed Dida (C/N)


*Sadaasa 2009*



*Goota ta'uu keessaniif*

**GALATOOMA**

*Waa'ee duula kenna dhiiga dabalataan baruuf maalo weebsaayitii keenya ilaala.*

*www.moyalehospital.weebly.com*


**Federal Democratic Republic of Ethiopia**
**Oromia Regional Health Bureau**
**Moyale Hospital**
*www.moyalehospital.weebly.com*

***Bilbila***—**+251464440221**
—**+251464440270**
***Faaksii***—**+251464440902**
**LSP—46**
***Email***—**moyalehospital.eth@gmail.com**
***Website***—**www.moyalehospital.weebly.com**
**Godina Boorana Aana Mooyyale**
**Mootummaa Naannoo Oromiyaa**
**Rippablika dimokraatawa federaala itiyoophiyaa**




# GOOTA TA'UUN LUBBU BARAARI

*www.moyalehospital.weebly.com*

Hospitaalli Mooyyalee

## duula kennaa dhiiga jalqabaa gegessuuf gammachuun ibsaa

*Guyyaa*

sanbata xiqqa gaafa 24/03/09

irra jalqabe hanga

kibxata 27/03/09

*Iddoo*

**Moora Hospitaala Mooyalee**

Waraqaan kun gaaffilee dhiiga kennuu rratti qabdan isiniif deebisa

### 1. Dhiiga arjoomuun maaliidha?



Dhiiga gumaachu jechuun jecha Doktorooti kan yeroo nami dhiiga kennuuf fayyadamaniidha nami dhiiga gumaachu dhiiga kennaa jedhama namni dhiiga kennu bilisaa fi fedhiin gumaacha

Dhiigni kennane baankii dhiigaatti kuufamuun qoratame qulqullu ta'u isa mirkanaa'e qophaa'un hanga faayida irra oolutti ni kuufama.
Hospitaalonni yoo dhiiga barbaadan kutaa kuusa keessa argatu dhiigni yo namaaf kenname "blood transfusion" jedhama

### 2. Dhiiga arjoomame namni kennamuufi qabu eennu fa'a?

- Operashinii fi balaa tasa irratti dhiigni guddaan yo jige
- Sababa daumsaatiin dhiigni guddaan kan yaa'e yoo ta'e
- Dhibeewwan dhiiga xiqqeessuu danda'an kan akka raammo garaa kan yo qaban ta'e

### 3. Dhiiga eenyutu arjoomu danda'a?



Namni dhiiga kennuu danda'u umrii 18tifi isaa oli ta'u qaba
Nami dhiiga kennuu barbaadu fayya qabeessaafi ulaagaalee dhiiga arjoomuun gaafatu kan guute ta'u qaba



Ulaagaalee kana guutuun barbarbaachisaadha sababi isaa namni dhiiga arjoomu fayya qabeessa ta'uu isa dursee beekuf gargaara akkasumas Doktoroonnis nami dhiigi kennaamuuf sun dhibeewwan dhiigaan daddarban akka hinqabamne dursani akka beekaniif gargaara.

Ulaaga dhiiga arjoomuun gaafatu mirkaneeffachuuf Doktorroonni Narsiin, akkasumas ogeessi kanaan leenji'e gaaffile gaafacha qoranno qaama ni gaggeessu.

### 4. Dhiiga arjoomuun duratti maal gaafatama?

- Dhibee beekkamaa fi duri opereshini godhamu
- Guyya dhiigi kennamu yoo fayyuma hindhageenne, qandho fi qorsa yoo fudhate kennu hin dandeetu
- Ulfinna qaama keeti
- Turiiti yeroo ati duraan dhiiga arjoomte jia > 3

### 5. Qorannoon qaama maal ta'u danda'a?

Qorannoo hoo'a qaama, dhiibba dhiiga ykn dhahanna onnee ilaalu
Qoranno dhiiga gaggeessuun dhibee hanginnna dhiiga irraa bilisa ta'uu mirkaneessu
Nami hanginna dhiiga qabu ni dadhaba sababi isa qaami isaa seelii dhiiga diima oksijiini geejjiban gaha waan hinqabneef yoo hanqinna dhiiga qabaatte dhiiga kennuu hindandeettu

### 6. Dhiiga haala kamiin arjoomu?



Taa'uun ykn dugdaan akka sitti tolutti ciisuun ogeessii leenji'e limmee hidda harka guddaattii galchuun dhiiga hanga barbaadamu waraabamutti tursiisu.

Turtiin dhiiga waraabuu kunis daqiiqaa kudha shan gadi <15 fudhata.

Erge dhiiga kenniteen booda ogeessi fayyaa biroo nyaatafi dhugaati siidhiyeesa yeroo gabaabaaf akka rakkoon hin uumamneef si hardofa.

Erga dhiiga kennite irra baate booda ogeessi fayyaa bilbila yo rakkoofi gaaffi qabaattee ittiin gaafattu siif kenna

### 7. Dhiiga hangam narra waraabu?

miillileetirii 300 dha ykn dhugatti kokaatiin walqixxee.

### 8. Yo dhiiga kenne booda maaltu natti dhaga'ama?

Namoonni baayyeen gammmachuu dhaga'u Miidhaaleen xixiqqoon kan akka

- Lilmeen yeroo nama waraante dhukkubii fi xiqqo madaa'u
- Dadhabu

Waan lallaaftu baayyee dhuguun sijajjabeessa

### 9. Yo dhiiga kenne HIV fi dhukkubi bira naqabata?

Hinqabatu. Meeshaan dhiiga waraabuuf gargaaraman qulqullu kan yeroo tokko qofa fayyadamuun gataniidha.

GOOTA TA'UUN LUBBU BARAARI
www.moyalehospital.weebly.com